

KOLLEEJII BARNOOTA BARSIIISOTAA SHAAMBUUTTI

**YAADANNOO GABAABAA FI GAAFFILLEE
SHAAKALAA CEED 332 K/BARSIIISOTAA
BARA 2012 EEBBIFAMANIIF QOPHAA'E.**

Qopheessitoonni:-

- 1. B/saa Itichaa Mokonnon**
- 2. B/saa Firaanol Waaqjiraa**

**SHAAMBUU
CAAMSAA 2012**

Boqonnaa Tokko

Hariiroo Addunyaaleessaa

Boqonnaa kana jalatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadanii fi dandeettii barattootni gonfachu qaban hariiroo uumanii jiraachuun maaliif akka barbaachisu, qooda fudhattootni hariiroo addunyaaleessaa eenyufaa akka ta'an fi hariiroon addunyaaleessaa akkamitti akka hojiirra ooludha.

Kaayyoon boqonnaa kanaa:

- ✓ Hiika hariiroo addunyaaleessaa ibsuu
- ✓ Xiyyeeffannoo hariiroo addunyaaleessaa hubachuu
- ✓ Gahe taphattoota hariiroo addunyaaleessaa tarreessuu
- ✓ Seenaa fi ka'umsa hariiroo addunyaaleessaa ibsuu
- ✓ Fedhii biyyoolessaa fi Imaammata alaa ibsuu fa'i.

1.1 Maalummaa Hariiroo Addunyaaleessaa

-Biyyi akka odolaatti adda baatee hariiroo malee jiraachuu dandeessu hin jirtu.

-Biyyootaaf hariiroo uumanii jiraachuun dirqamadha.

-Kan biyyoonni hariiroo uuman fedhii biyyoolessaa isaanii guuttachuufidha.

FKN:Olaantummaa qabaachuuf ykn itti fufsiisuuf, misoomuuf, fedhii hawaasa isaanii gama hundaan guutufidha.

-Hariiroo addunyaaleessaaf hiika tokko kan waaltawaa ta'e kennuun rakkisaadha. Sababni isaas jijjiirama dhufaa jiru waliin walqabatee walxaxaa ta'aa waan dhufeefidha.

-Hayyuun Trevor Taylor (1979):Hariiroon addunyaaleessaa damee barnoota Saayinsii Siyaasaa ta'ee, daangaa biyyaa ce'uun sochiilee siyaasaa kan geggeessudha jedha.

-Hayyuun Ola. Joseph: Hariiroon addunyaaleessaa hariiroo hunda galeessa biyyoonni walabummaa qaban geggeessan kan qo'atudha jedha.

-Xiyyeeffannoo ijoon hariiroo addunyaaleessaa ,:dhaabbilee fi seera addunyaaleessaa, imaammata biyyootaa, walitti bu'insa biyyootaa, siyaas-dinagdee biyyootaa, rakkoolee nageenyaa fi giloobaalaayizeeshinii fa'i.

Akka waliigalaatti hariiroon addunyaaleessaa walitti dhufeenya biyyoota gidduutti karaa nagaa fi waldhabeen uumamudha.Hariiroo karaa nagaa geggeeffamutuu filatamaadha.

Hariiroo addunyaaleessaa keessatti kennanii fudhachuu malee hiriyaan yeroo maraa hin jiru jedhu hayoonni.

1.2 Fedhii biyyoolessaa fi Imaammata alaa

Fedhiin biyyoolessaa-fedhii uummatni biyya tokko keessa jiraatu waliin qabu agarsiisa.

FKN:tokkummaa biyyaa, walabummaa biyyaa, misooma, olaantummaa biyyota biroorratti Qabaachuu ykn humnaan biyyoota dadhaboo of jalatti bulchuu fi kkf fa'i.

-Fedhiin biyyoonni qaban haala biyyoonni keessa jiran irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu danda'a.

-Hariiroo addunyaalessaa keessatti biyyoonni karaa gama dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, saayinsii fi tekniinooloojiin waldeggeruun fedhii guuttatu.

-Yeroo fedhiin isaanii tuqamummoo walitti bu'u, diina ta'u, waraana walirratti banu.

-Imaammata biyya alaa seeraa fi tarsiiimoo biyyoonni biyya biroo waliin hariiroo uumanii jiraachuuf baafatanidha. Ykn daandii biyyoonni fedhii biyyoolessaa ittiin guuttatanidha.

-Fedhii biyyoolessaa guuttachuuf biyyoonni imaammata alaa baafatanii ittiin geggeeffamu.

-Waa'een fedhii biyyoolessaa fi Imaammata alaa boqonnaa 4ffaa keessatti baldhinaan kan ibsamu waan ta'eef achitti gad fageenyaan kan hubannu ta'a.

1.3 Ka'umsaa fi seenaa guddina hariiroo addunyaalessaa

Hariiroon addunyaalessaa kan jalqabame: yeroo dhalli namaa gamtaan gurmaa'ee jiraachuu jalqabe, mootummaa dhaabbatee warra biroon waliigaltee uumee jiraachuu jalqabee fi mootummaa biroo weeraruu jalqabedha.

-Mootummootni Roomaa durii, Giriikii, Aksuum, bara daldala garbaa rog-sadee fi kan biroo Awurooppaanonni daangaa ce'anii kolonii geggeessaa turan fakkeenya hariiroo addunyaalessaa ti.

-Bara ammayyaa kana garuu seera addunyaa fi imaammata biyyootaarratti hundaa'ee geggeeffama.

-Wantoonni hariiroon addunyaalessaa akka cimuu fi walxaxaa ta'u godhan: rakkoolee gurguddoo kanneen akka waldhabdee fi waraanaa, hiyyummaa, HIV/AIDS, hojii dhabdummaa, malaanmaltummaa, goolii uumtummaa, jijjiirama qilleensaa, daldala qoricha sammuu namaa hadoochuu fi kkf fa'i.

-Rakkoolee kana qolachuuf tokkummaan hariiroo cimsatanii hojjechuun yeroo waliin deemuun Barbaachisaa ta'uun isaa hariiroon addunyaalessaa akka walxaxaa ta'u taasiseera.akka walxaxaa ta'u taasiseera..

-Hariiroo addunyaalessaa haala baldhina qabuu fi walxaxaa ta'een hojiirra ooluu kan jalqabe waraana addunyaa tokkoffaa boodadha.

-  Hariiroon addunyaalessaa walitti dhufeenya biyyoota gidduuti.
-  Kan biyyoonni hariiroo uuman fedhii biyyoolessaa isaanii guuttachuufidha.
-  Hariiroon addunyaalessaa walitti dhufeenya biyyoota gidduutti karaa nagaa fi waldhabeen uumamudha.
-  Fedhiin biyyoolessaa-fedhii uummatni biyya tokko keessa jiraatu waliin qabu agarsiisa.
-  Imaammata biyya alaa seeraa fi tarsiiimoo biyyoonni biyya biroo waliin hariiroo uumanii jiraachuuf baafatanidha.

Boqonnaa Lama

Sadarkaalee qaaccessa Hariiroo Addunyaalessaa

Boqonnaa kana jalatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadanii fi dandeettii barattootni gonfachuu qaban sadarkaalee qaaccessa hariiroo addunyaalessaa, qooda fudhattootni hariiroo addunyaalessaa keessaa mootummaa fi miti mootummaa fi garaagarummaa isaan gidduu jirudha.

Kaayyoon boqonnaa kanaa:

- ✓ Sadarkaalee qaaccessa hariiroo addunyaalessaa jiran adda baafachuu
- ✓ Qooda fudhattoota hariiroo addunyaalessaa ibsuu
- ✓ Faayidaa hariiroon addunyaalessaa qabu ibsuu fa'i.

2.1 Sadarkaalee qaaccessaa

-Bakka gurguddoo sadiitti qoodamu.

2.1.1 Qaaccessa sadarkaa sirnaa(system level analysis)

Hariiroon addunyaalessaa kan sirna baay'ee of-keessatti hammatuu fi sochiileen qaamolee garaagaraa keessatti geggeeffamudha jedhu.

Addunyaan qaamolee adda addaa sochiilee garaagaraa godhaniin kan guutamte waan ta'eef sochiilee qaamolee adda addaa kana qo'achuun barbaachisaadha jedhu.

Sad.sirnaa kanaan hariiroo addunyaalessaa qo'achuuf sochiin, walitti dhufeenyi wantoota qaama sirna addunyaa ta'anii fi amala isaanii qo'achuun barbaachisaadha jedhu.

2.1.2 Qaaccessa sadarkaa biyyaa(state level analysis)

Deggertonni yaada kanaa, hariiroo addunyaalessaa qo'achuuf dhimmi ijoon biyyoota humna gurguddoo qabanii fi hariiroo addunyaalessaa ol-aantummaan geggeessan ilaaluun filatamaadha jedhu.

Kanaafuu amala biyyootaa, caasaalee bulchiinsaa fi mootummaa, lammuummaa, sirnoota siyaasaa, dinagdee, aadaa fi hawaasummaa fi kkf giddu galeeffachuun hariiroo addunyaalessaa qo'achuun sirriidha jedhu. Sababni isaas dhimma biyyaa qo'achuun addunyaa qo'achuudha jedhu.

2.1.3 Qaaccessa sadarkaa nama dhuunfaa(Individual level analysis)

Namoota dhuunfaa biyya bulchan, geggeessummaa keessatti murtoo adda addaa kennan, hariiroo uumuu fi fedhii biyyoolessaa guutuuf gahee isaan taphatan olaanaa waan ta'eef hawaasaa fi biyyoonni kan jijjiiraman walitti hidhama namoota dhuunfaatiin waan ta'eef nama dhuunfaa qo'achuun hariiroo addunyaalessaa qo'achuudha jedhu.

Namoonni beekamoo ta'an illee hariiroo addunyaalessaa keessatti gahee olaanaa taphatu.

- Malli qo'annoo hariiroo addunyaalessaa isa kamtuu filatamaadha?

Mala sadan armaan olii walitti fiduun qo'achuun barbaachisaadha.

2.2 Qooda fudhattoota Hariiroo Addunyaalessaa

Qooda fudhattoota jechuun qaama hariiroo addunyaalessaa keessatti gahee taphatu jechuudha. Isaanis bakka lamatti qoodamuu danda'u mootummaa fi miti-mootummaadha.

1. Mootummaa(State Actors)

Biyya(mootummaa) jechuun hawaasa siyaasaan qindaa'ee, daangaa murtaa'e, bulchiinsa, uummata fi birmadummaa mataa isaanii qabanidha.

Kunis bara 1648, waliigaltee wastifaaliyaa, waraana amantii waggaa soddomaa hambisuun Nageenya lixa Awurooppaa keessatti mirkaneessuuf mallatteeffamerratti kan barreeffamedha. Garuu biyyoonni ulaagaa arfan guutanii beekamtii dhabuun rakkataa jiran jiru. Fkn Puunti landii, Sumaaliyaa fi Filisxeem fa'i.

Mootummootaa (biyya) malee waa'ee hariiroo addunyaalessaa kaasuun waan hin dada'amneef mootummootni hariiroo addunyaalessaa keessatti qooda fudhattoota biroo caalaa gahe olaanaa taphatanidha.

2. Miti-Mootummaa

1. Dhabbattoota addunyaa biyyoota addunyaatiin ijaaraman (IGOS)

Nagaa fi tasgabpii addunyaa mirkaneessuuf kan biyyoonni addunyaa waraana addunyaa lffaa booda hundeeffachuu jalqabnidha.

Fkn Dhaabbata liigii addunyaa , Dhaabbata mootummaa gamtoomanii, Gamtaa Awurooppaa ,Dhaabbata T.A (AU), Gamtaa biyyoota Arabaa fi kkf

Baankii addunyaa (WB), Dhaabbata maallaqa addunyaa (IMF)

2.Dhaabbilee daldalaa gurguddoo(MNCs)Fkn General Motors, Tecno, Nokia fi kkf.

3.Dhaabbilee namoota dhuunfaatiin dhaabbatan(NGOs)

-Kubbaaniyyaanota biyyoota garaagaraa keessatti dhabuun gahee isaan hariiroo addunyaalessaa keessatti qaban guddaadha.

- ❖ Sadarkaaleen qaaccessa hariiroo addunyaalessaa qaaccessa sad.sirnaa, qaaccessa sad.biyyaa fi qaaccessa sad. nama dhuunfaa jedhamuun bakka sadiitti qoodama.
- ❖ Mala sadan qaaccessa sadarkaalee hariiroo addunyaalessaa kana sadan walitti fiduun hariirroo addunyaalessaa qo'achuun barbaachisaadha.
- ❖ Qooda fudhattootni hariiroo addunyaalessaa mootummaa fi miti mootummaa jedhamuun qoodamuu danda'u.
- ❖ Mootummaan qooda fudhattoota hariiroo addunyaalessaa keessaa isa ijoo dha.

Boqonnaa Sadii

3.1 Yaada hiddamoota Riyaalizimii fi Ayidiyaaliizimii

Boqonnaa kana jalatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadanii fi dandeettii barattootni gonfachu qaban gahee fi xiyyeeffannoo yaada hiddamni riyaalizimii fi Ayidiyaalizimii, riyaalizimii haaraa fi liberaalizimii haaraa qo'annoo hariiroo addunyaaleessaa keessatti qabanidha.

Kaayyoon boqonnaa kanaa:

- ✓ Gahee yaada hiddamni riyaalizimii fi Ayidiyaalizimii hariiroo addunyaaleessaa qo'achuu keessatti qabu ibsuu
- ✓ Yaada ijoo riyaalistoonnii fi ayidiyaalistoonni irratti xiyyeeffaian hubachuu
- ✓ Yaada hiddama bariiroo addunyaaleessaa riyaalistoota haaraa fi ayidiyaalistoota haaraa ibsuu fi adda baafachuu fa'i
- ✓ Xiyyeeffannoo yaada hiddama Markis ibsuu fa'i.

3.1.1 Yaada hiddama Riyaalizimii

-Qorannoo hariiroo addunyaaleessaa keessatti kan caalmaatti fudhatama argataa turedha.

-Yaada kana kan maddisiisan Sun Tzu(Chaayinaa durii), Thucydides(Giriik durii) fi Nicolo Machiaveli(hayyuu haaromsaa Xaaliyaanii) ti.

Akka yaada riyaalistootaatti:

- ✓ Biyyoonni fedhii isaanii guuttachuuf humna fayyadamu.
- ✓ Seeraa fi hariiroo walgargaarsaa fi iddoo xiqqaa kennu.
- ✓ Jiraachuuf humna ittisa biyyaa cimaa qabaachuun barbaachisaadha.
- ✓ Hiriyyummaa fi safuuf iddoo guddaa hin kennani.
- ✓ Walitti bu'insii fi waraanni yoomiyyu kan hin hafnedha jedhu.
- ✓ Addunyaan akka abbaa hin qabnee(aanaarkiitti) ilaalu, Kanaafuu firummaan, amantiin gahee inni taphatu xiqqaadha jedhu.

Walumaagalatti, hariiroon addunyaaleessaa adda durummaan dhiibbaa humna ittisa waraanaa jala jirti jedhu.

3.1.2 Yaada hiddama Ayidiyaalizimii

Hayyoonni yaada kana maddisiisan Hugoo Girootitiyeesii fi Imaanu'eel Kaanti ture, miidhaa bara 1920 mootaa fi 1930 mootarratti xiyyeeffata.

Humna caalaa seeraa(qajeelfamaa fi safuutuu) hariiroo addunyaaleessaa keessatti gahee guddaa qabaa(furtuu hariiroo addunyaaleessaa ti) jedhu.

Uumamni namaa gaariidha waan ta'eef gaarummaan, dippilomaasiin waliin jiraachuu danda'a jedhu. Fkn UN nageenyaaf barbaachisaadha jedhu.

Pirezidaantiin(USA) Woodrow Wilson fi deggertoonni isaa nagaa fi walta'insa biyyota addunyaaf Liigii mootummaa addunyaa 1920-1945 abdatanii turan.

Waraanni Addunyaa 2ffaa bara 1939-1945 abdii isaanii fashaleessuun akka yaada hiddamni ayidiyaalizimii yaada hiddama riyaalizimiitiin bakka bu'u ta'e.

Liberaalizimiin:

- ✚ Walabummaan yaaduu nama dhuunfaa fi guddina hawaasummaarratti bu'uureffata
- ✚ Hariiroon addunyaalessaa suuta suutaan kan guddachaa dhufedha jedhu.
- ✚ Biyyoonni addunyaa walitti hidhachuun walirraa fayyadamu jedhu.
- ✚ Humna dinagdee olaanaa qabaachuun humna waraanaa ijaaruu caalaa filatamaadha jedhu.

3.2 Yaada hiddama hariiroo addunyaalessaa si'anaa(Contemporary theories of IRs)

3.2.1 Yaada hiddama hariiroo addunyaalessaa riyaalistoota haaraa(Neo-realism)

-Bara 1980 mootaa falmii cimaatuu ture.

-Kenet Waltiziis qorannoo geggeessuun geggeessaa gahee olaanaa taphatedha.

-Faayidaa caasaalee sirna addunyaa(qajeelfama sirna addunyaa) fi gahee mootummaan qaburratti xiyyeeffatu.

-Hariiroo addunyaalessaa keessatti murteessitoonni ijoon mootummaa qofa dha. dhaabbileen biroo deggersa mootummaa alatti socho'uu hin danda'an jedhu.

-Yaadni Waalteez kun caaseffama dhugaa jedhama.

-Biyyoonni humna ittisa biyyaa olaanaa qaban caasaa addunyaa keessatti gahee olaanaa taphatu jedhu.

-Humna ittisaa olaanaa qofa qabaachuu osoo hin taane biyyoonni waliigalteen hojjetanis ni jiru jedhu. Waliigalteen geggeeffamu garuu haala humna ittisaa fi dinagdee biyyarratti hundaa'a jedhu.

Garaagarummaan Riyaalistootaa fi Riyaalistoota haaraa

Riyaalistoota	Riyaalistoota haaraa
-Jiraachuuf humna ittisaa ijaarrachuudha malee safuu fi hiriyyummaa miti. -Humni galma isa dhumaati. -Addunyaa abbaa hin qabne (anarkii)keessatti kan humna qabutuu bulcha jedhu.	-Qajeelfamnii fi seerri addunyaa (caasaan addunyaa hoogganuu qaba jedhu. -Biyyoonni humna waraanaan waldorgoman seera addunyaaf bitamuu qabu jedhu. -Humnatti fayyadamuuf dinagdee fi tekinoooloojiin caalaa murteessoodha jedhu. -Waraanni ololaa Raashiyaa diige humna waraanaan walsodaachisuudha malee dhaabbileen bu'aa guddaa hin buufne jedhu.

3.2.2 Yaada hiddama hariiroo addunyaalessaa Liberaalizimii haaraa (Neo-Liberalism)

-Bara 1980 mootaa falmii cimaatuu ture.

-Dh.M.G(UN) fi kan biroon walitti bu'insa biyyoota addunyaa hiikuun gahee olaanaa taphataniiru.

-Hariiroo addunyaalessaa keessatti biyyoonni wal ta'anii walgargaaranii waliin jiraatuu jedhu.

-Hariiroo Addunyaalessaa keessatti kan qooda fudhatan mootummaa fi miti- mootummaadha jedhu.

Jijjiiramni qabatamaan hariiroo addunyaalessaa keessatti mul'ataa jiran:

- Bara 1990 mootaa keessa waraanni hir'achaa dhufuu
- Murteessummaan humna waraanaa gara humna dinagdeetti gedderamuu. Fkn walgargaarsaaf dhaabbachuu dhaabbilee adda addaa:EU,AU,AL,ECOWAS fi kkf.
- Hundeeffamuu dhaabbilee miti mootummaa
- Hariiroo addunyaalessaa keessatti gaheen mootummaa hir'achaa dhufuu fi qooda fudhattoonni miti mootummaa dhaabbilee adda addaa fi dhaabbileen dhuunfaa dabalaa dhufuu.
- Walgargaarsi biyyootaa cimaa dhufuu fi kkf.

3.2.3 Yaada hiddama Maarkis

Fedhii qabeenya kuufachuuf godhamu keessatti gitni humna dinagdee qabu gita humna dinagdee hin qabne cunqursu jedhu.

Biyyoonni dinagdeedhaan badhaadhan biyyoota hiyyeeyyii cunqursu ykn saamu jedhu.

Humni biyyootaa fi dinagdeen biyyootaa yoo walitti dhufe waraana hambisuu danda'a jedhu.

Kufaatii tokkummaa sooyiyeetii bara 1991 booda fudhatamni yaada hiddama kanaa laafaa dhufe.

- ✚ Riyaalizimiin qorannoo hariiroo addunyaalessaa keessatti kan caalmaatti fudhatama argataa turedha. Kaayyoon isaanii humnatti fayyadamanii fedhii olaantummaa isaanii addunyaa keessatti mirkaneeffachuudha.
- ✚ Riyaalistoonni biyyoonni humna waraanaa cimaa ijaaruu fi yeroo hundaa waraanaaf qophaa'oo ta'uu qabu jedhu.
- ✚ Ayidiyaalistoonni seerri addunyaalessaa fi safuun furtuu hariiroo addunyaalessaatti jedhu.
- ✚ Waraanni addunyaa lamaffaa yaada hiddamni ayidiyaalistootaa akka laafu godhe.
- ✚ Liberalistoonni mootummootni hundi walta'insaan walirraa fayyadamuu danda'u jedhu.
- ✚ Riyaalistoonni haaraa humna ittisaa olaanaa qofa qabaachuu osoo hin taane biyyoonni waliigalteen hojjetanis ni jiru jedhu.
- ✚ Liberaalistoonni haaraan hariiroo addunyaalessaa keessatti biyyoonni wal ta'anii walgargaaranii waliin jiraatuu, kan qooda fudhatan mootummaa fi miti-mootummaadha jedhu.
- ✚ Markistoonni fedhii qabeenya kuufachuuf godhamu keessatti gitni humna dinagdee qabu gita humna dinagdee hin qabne cunqursu jedhu.

Boqonnaa Afur

Fedhii Biyyoolessaa fi Imaammata alaa

Kaayyoo

Boqonnaa kana erga xumuranii booda barattoonni:

- ✓ Yaad-rimee fedhii biyyoolessaafi imaammata alaa ni ibsu
- ✓ Safartuulee ijoo imaammata alaa ni ibsu
- ✓ Kaayyoo imaammata alaa MFRDI kitaaba dubbisuun ykn intarneetti fayyadamuun tarreessu.
- ✓ Murteessitota imaammata alaa tarreessi
- ✓ Shororkeessummaan imaammata alaa keessatti dhiibbaa akkamii fiduu akka danda’u ni ibsu

4.1. Fedhii Biyyoolessaa

Fedhii biyyoolessaa jechuun fedhii hawaasni siyaasaan gurmaa’ee bulchiinsa, birmadummaa fi daangaa mataa isaa qabu akka waliigalaattii waliin qabuu dha. Biyyoon hariiroo addunyaalessaa kan godhan fedhii biyyoolessaa isaan galmaan gahachuufi dha.

4.1.1. Murteessitoota Fedhii Biyyoolessaa

Sadarkaan diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, saayinsii fi teeknooloojii biyyoonni irra jiran yookiin irra gahan irratti hundaa’uun fedhiin biyyoolessaa biyyaa biyyatti garaagarummaa ni qabaata. Fakkeenyaaf fedhiin biyyoolessaa Ameerikaa (USA) gama saayinsii fi teeknooloojiitiin icciitii hawaa beekuu, pilanetoota biroo qo’achuu, nagaa fi tasgabbi addunyaa mirkaneessuudha.

Sadarkaa yeroo ammaa irra jirtutti Itiyoophiyaan gama saayinsii fi teeknooloojii fi human waraanatiin fedhii biyyoolessaa Ameerikaan walfakkaatu hin qabdu. Qabaachuus hin dandeessu.

4.2. Imaammata Alaa

Imaammata alaa jechuun imaammata biyyi tokko fedhiishee guuttachuu karaa siyaasaa, diinagdee fi hawaasumman biyyoota biroo wajjiin hariiroo ittiin uumtudha.

Imaammata biyya alaa jechuun seeraa fi tarsiimoo hariiroo addunyaalessaa biyya tokkoo ittiin gaggeeffamu ykn qajeelfamoota waliigala fi tooftaalee biyyi tokko biyyoota addunyaa kan biroo waliin hariiroo ittiin uummachuuf baafate jechuu dha.

4.2.1. Kaayyoo Imaammata Alaa

Kaayyoon imaammata alaa biyyoota garaagarummaa qabaatus isaan ijoon:

- ✓ Biyyoota olla fi addunyaa waliin hariiroo gaarii Uummachuuf
- ✓ Fedhii biyyoolessaa isaani galmaan gahuuf
- ✓ Rakkoolee addunyaalessaa waliin furuuf (Fkn.rakkoolee siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa)

- ✓ Fedhii walii waliin (mutual benefit) irratti hundaa'uun walgargaaruuf
- ✓ Nagaafi tasgabii addunyaa keessatti gahee taphachuuf.

4.2.2. Murteessitoota Imaammata Biyya Alaa

Murteessitoota biyyaa alaa iddoo gurguddootti lamatti qoodama. Isaanis:

1. Haalota biyya keessaa (domestic factors) fi
2. Haalota alaa (External factors) jedhamuun iddoo lama gurguddootti qoodama.

1) Haalota Biyya keessaa

Haalota biyya keessaa kan jedhaman wantoota sadarkaa biyya tokkoo keessatti imaammata alaa irratti dhiibbaa (impact) uumuu danda'aniif sadarkaa biyyoolessaatti to'atamuu danda'anii dha. Isaanis sadarkaa guddina biyyaatti, haala siyaasaa, haala hawaasummaa, aadaa, teessuma lafaa, sadarkaa guddina, idiyooloojii, seenaa biyyaattii fi k.k.f.

2) Haalota alaa (External factors)

Rakkoolee addunyaa si'anaa fa'i. Haalonni alaa dhiibbaa imaammata alaa irratti fidan keessaa muraasa

1) Shororkeessummaa

Imaammata alaa irratti shororkeessummaan biyyoota walitti fiduus ta'ee addaan baasuu ni danda'a. Biyyoonni addunyaa haala walfakkaatuun shororkeessummaa dhabamsiisuu irratti hirmaachaa hin jiran. Kan dhabamsiisuuf carraaqan akkuma jiran, kanneen callisanii fi dawoo shororkeessotaa ta'anis ni jiru.

Guutummaan guutuutti mirgoota dhala namaa kan diimokiraasii ta'ee kan uumamaa ni sarbu. Fakkeenyaaf haleellaan Biinladiniin fulbaana 11 bara 2001 Ameerikaa kaabaa irratti raawwatame Ameerikaan akka imaammata alaa ishii irra deebitee xiinxaltu taasise.

2) Giloobaalayzeshinii (Walitti hidhame Addunyaa)

Jaarraa 21^{ffaa} keessa keessattu gama walqunnamtii odeeffannoo fi daldaalaatiin sababa dhiibbaa giloobaalayzeshiniitiin daangaa biyyoota addunyaa jiru dimimmisaa'ee sadarkaa dhabamuu irra gahee jira. Wanti fagoodha bira gahamuun ykn dhagahamuun hin danda'amu jedhamu tokko illee hin jiru.

3) Haala Diinagdee Addunyaa

Biyyoonni sirna diinagdee walfaakkaatu hordofuu fi haalli qabatama biyyoota isaan daangeessa. Biyyoonni guddatan kanneen akka biyyoota Awurooppaa fi Ameerikaa (USA) biyyoonni addunyaa hundi sirna diinagdee gabaa bilisaa hordofan karaa kallattii fi alkallattitiin biyyoota addunyaa irratti dhiibbaa geessisuun dinagdee keessaa mootummoonni akka harka fudhatanii abbootii qabeenya dhuunfatiif dhiisan godhaa jiru.

Ulaagaalee Imaammata Biyya Alaa Qopheeffachuuf Barbaachisan:

- 1) Haala qabatama biyya keessaa gama siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, aadaa, saayinsii fi teeknoolojii fi human ittisa biyyoolessaa
- 2) Haala addunyaa si'anaa
- 3) Fedhii biyyoolessaa kan ofii fi kan biyyoota biroo
- 4) Seera addunyaa fi walii galteewwan adda addaa ti.

4.2.3. Karaalee Imaammata Alaa: Ijoo kan ta'an:-

1) Olola (Propaganda)-Propaganda ergaa (message) yaada ykn amala hawaasa guddaa ykn biyya tokko irratti dhiibbaa uumuu danda'uu dha. Mootummoonni dhaabbilee tamsaasa (media) adda addaan odeeffannoo dabarsuudha.

2) Daldaala-Daldaalli hariiroo addunyaalessaatiif daandii saaquun isa jalqabaa ti. Keessattuu addunyaa ammaatti maqaa giloobaalaayzeshiniitiin daangaan gama daldaalaa dhabamaa jira. Wantoota daldalamuu hayyamame haa hafuu kanneen dhorkaa ta'aniyyuu daangaa biyya tokko cabsanii biyya kan biro keessa seenaa jiru. Kanaan alattis rakkooleen gama daldaalaatiin addunyaa mudachaa jirtu salphisuuf addunyaan Dhaabbata Daldaala Addunyaalessaa (WTO) hundeessuun biyyoota addunyaa jidduutti daldaalli haqa qabeessaa akka jiraatuuf seera tumateetti.

3) Humna Ittisa Biyyoolessaa -Sadarkaan guddina humna ittisaa imaammata biyya alaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Fakkeenya Ameerikaa kaabaa (USA) yoo xiinxalle akka addunyaatti daraan cimaa waan ta'eef daangaa ofii bira dabruudhaan nagaan fi tasgabbii addunyaalessaa keessatti gahee taphachuuf imaammata alaa baafatti.

4. Humna Diinagdee (Economic Power)-Humni diinagdee biyyi tokko qabdu imaammata biyya alaa qopheeffachuu irrattis dhiibbaa guddaa qaba. Biyya Amerikaa yoo fudhanne biyyoota addunyaa keessaa dippilomaatota heddu qabdi. Biyyoonni boba'aa qabanis, oomishaa isaanii gurgurachuuf hariiroo biyyoota heddu waliin taasisu.

5) Diippiloomaasii (Diplomacy) -Diippiloomaasii jechuun tooftaa ittiin biyyoon waligalaadhaan hariiroo walii waliin Ummatanidha.

Boqonnaa Shan

Sirna Addunyaalessaa fi Dhaabbilee Addunyaa

Kaayyoo:

Xumura boqonnaa kana booda:

- Maalummaa fi yaada rimee seera addunyaalessaafi biyyoolessaa ibsu
- Garaagarummaafi walitti dhufeenya seera biyyoolessaafi seera addunyaalessaa ni ibsu
- Dhaabbilee addunyaalessaa ijoo addaan baafatu
- Bal'inaa fi bu'aa qabeessummaa seera addunyaalessaa ni ibsu
- Qaama seera addunyaalessaa hojiirra oolchuu adda baasu
- Maalummaa dhaabbilee addunyaalessaafi naannoo kaayyoosaanii waliin ni ibsu

5.1 Seera addunyaalessaa

Seerri addunyaalessaa labsiiwwanii fi qajeelfamoota waliigalaa kan of keessatti hammate ta'e amalaa mootummootaa fi dhaabbilee addunyaa akkasumas hariiroo isaan wajjiin qabaniifi qaamolee biroo wajjiin qaban kan ibsuudha.(seera sadarkaa addunyaatti tumameedha.)

Walumaagalatti seerri addunyaalessaa gochaalee fi walitti dhufeenya mootummoonni mootummoota biroo wajjiin qaban hoogganu, seera hawaasaa addunyaalessaa /Public International law/ jedhamu yoo keessatti hammatu seerri gochaalee namoota dhuunfaa, jarmiyaalee fi qindoomina dhaabbilee dhuunfaa daangaa biyyoota cee'anii hogganu seera dhuunfaa addunyaalessaa / Private international law/ jedhamee beekama.

Qaamolee seera addunyaalessaa uuman

- Mootummoota
- Dhaabbilee addunyaa (mootummoota addunyaa walaba ta'an irraa ijaaraman)

Maddawwan Seerota Addunyaa

Akka mana murtii haqaa addunyaalessaa keeyyata-38 (Article 38 of ICJ) tarreessutti maddoonni seera addunyaalessaa

- a) Waliigaltee addunyaalessaa /international conventions/
- b) Murtiiwwan mana murtii fi maxxansaalee qulqullina qaban biyyoota keessatti maxxafamanii barumsa fi hubannoo lammiilee olaantummaa seeraa irratti cimsan.
- c) Qajeelfamoota waliigalaa biyyoota guddatan biratti fudhatama argatan
- d) Duudha aadaa hawaasa addunyaa, gocha safuu waliigalaan sadarkaa addunyaatti fudhatama argatan.

Bal'inna Seerota Addunyaa

Seerri addunyaalessa seera biyyoolessaa caalaa bal'aa fi waan baay'ee of keessatti kan hammatuudha. Dhimmoota biyyoolessaa of keessatti hammatee hanga sadarkaa addunyaatti bal'innaan jiran rakkoolessa si'anaa addunyaa dabalata

Garaagarummaan ijoon seera biyyoolessaa fi addunyaalessaa jiru seerri biyyoolessaa gochaalee fi amala lammiilee daangaa biyya tokkoo keessa jiraatan kan hogganuu yoo ta'u kan addunyaalessaa garuu walitti dhufeenya biyyoota addunyaa walaba ta'anii irratti xiyyeeffata.

Kanaaf seera biyyoolessaa dhiphisaanii sadarkaa biyyaatti ilaaluu fi kan addunyaalessaa immoo gochaalee lammiile bal'innaan sadarkaa addunyaatti hoggana.

Qaamolee seera addunyaalessaa hojiirra olchan

(a) Mootummootaa/ biyyoota/ addunyaa:

- Balaa tasaa isaan muudate qolachuuf
- Walitti dhufeenya gaarii biyyoota wajjiin uumuuf
- Walitti bu'iinsa karaa nagaatiin hiikuufi kkf hojiirra oolchuuf

(b) Namoota dhuunfaa

- Hariiroo addunyaalessaa keessatti qooda fudhatuun seera addunyaa irraa fayyadamaa ta'uu danda'u
- Kabaja mirgootaa siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa kabachiifachuu fayyidaa guddaa isaaniif waan qabuuf

(c) Jarmiyaalee adda addaa gurmaa'anii haala seera qabeessa ta'ee faayidaa argachuuf

(d) Dhaabbilee mootummootaa fi mit-mootummootaa

Dhaabbata mootummoota gamtoomaniitti komishiniin seera addunyaa hojiirra oolmaa seerota addunyaa mirkaneessuuf bara 1947 dhaabbatee ture. Kaayyoo kana galmaan gahuuf DH.M.G qaamolee adda addaa hojiirra olmaa seerota addunyaa to'atu hundeessee jira.

Bu'a Qabeessummaa Seerota Addunyaa

Seeronni sadarkaa addunyaatti miseensota dhaabbilee addunyaatiin bahee haala raawwii fi hojiirraa olmaa isaatiif irratti waliigalame qabatamaan gara hojiitti hiikamee bu'aa qabeessummaan isaa hojiirraa olaa hin jiru. Seeronni bahe hojiirra olmaan isaa hafee biyyootuma humna qabaniin addunyaa abbaa hin qabne bulchaa akka jiran qabatamaan amma addunyaa irratti argaa jirra.

5.2. Dhaabbilee Addunyaalessaa fi Naannoolee

5.2.1. Dhaabbilee Addunyaalessaa

(A) Gamtaa Mootummoota Addunyaa (LN, 1920-1945)

(B) Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UN)

(A) Gamtaa Mootummoota Addunyaa (LN, 1920-1945)

Xumura waraana addunyaa 1^{ffaa} hariiroon biyyoota addunyaa jidduutti jiru gaarii hin turre. Akkuma waraanni addunyaa kun xumurameen sadarkaa addunyaa 1920tti dhaabni hundeeffame dha. Biyyoonni addunyaa waraanni addunyaa lubbuu namoota baay'ee galaafatee fi qabeenya heddu barbadeesse lammaffaa addunyaa keessatti deebi'ee miidhaa akka hin geessineef dhaabbata kana beekumtii seeraatiin hundeesse. Dookumeentiin Gamtaa addunyaa seera qabeessa ta'e **Dokumeentii Waadaa** (Covenant) jedhama.

Akka yaadatti Ameerikaan miseensa Liigii ta'uuf gahee taphattullee sababa mormiin biyya keessaa muudateef miseensa osoo hin ta'in hafte. Jarman miseensa kan turte sababa Paartiin Naazii gara aangoootti dhufee bara 1926 miseensummaa keessaa baate. Raashiyaan bara 1934 miseensa liigiitti dabalamte. Faransaay, Xaaliyaanii fi Ingiliiziinis miseensota Liigii ciccimoo turan. Dhaabatichi hanga xumura waraana addunyaa II ti itti fufee jira. Kaayyoon ijoon liigii (dhaaba) kanaa nagaafi tasgabbii biyyoota addunyaa mirkaneessuu, walitti bu'iinsa biyyootaa karaa nagaatii hiikuu, birmaadummaa biyyootaa miseensa ta'anii kabachisuu fi walgargaarsa biyyootaas cimsuuf. Kaayyoo dhaabbateef galmaan ga'uuf liigiichi qaamolee sadi of keessaa qaba: Isaanis

(a) Gumii waliigalaa

Qaama liigii bakka bu'oota biyyoota miseensa ta'anii of keessatti hammatee dha. Gumichi yaa'ii idilee wagga waggaan kan geggeessuufi rakkoo siyaasaafi nageenyaa biyyoota addunyaa muudatan ilaalchisee murtii fi tarkaanfii fudhachuu aangoo seeraan kennameef qaba.

(b) Mana marii Kaawuunsilii

Manni maree kaawuunsilii qaama seera raawwachiiftu liigiichaa ti. Walgahii kan geggeeffamu waggaatti si'a tokko yoo ta'u, yeroo rakkoon addaa addunyaa mudattee haalli itti walgahii geggeessan jira. Hojiiwwan ijoo qaama seera raawwachiiftuu:

- Hidhannoo meshaalee waraanaa xiqqeessu
- Walabummaa biyyoota miseensota ta'anii kabachiisuu
- Walitti dhufeenya biyyoota miseensa ta'anii jajjabeessuu
- Biyyoota biyyoota biraa weeraranii fi meshallee waraanaa akka Niiwuklaarii oomishan qoqqobbiin akka bu'u yaada dhiheessuu

(c) Waajira bulchiinsaa

Qaamni kun adda durummaan hojii bulchiinsaa dhaabbataa raawwata. Giddugaleessi teessoo waajira bulchiinsa liigii addunyaaleessaa biyya Siwuuzerlaandii magaalaa Jeenevaatti argama.

(B)Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UN) - 1945

DH.M.G -waraana adduyaa lammaffaa booda hundeeffame. Waraanni addunyaa lammaffaan miidhaa olaanaa dhaqqabsiise akka hin deebineef biyyoonni seera dhaabbatichaa kabajanii miseensa ta'uun nagaan addunyaaf dhaabbachuuf fedhii qabaniin hundaa'e.Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii (UN) hundeeffama isaa dura adeemsa adda addaa keessa dabree jira. Isaanis:

(1)Labsii Magaalaa Loondonii-Bara 1941 bakka bu'oonni biyyoota akka Ingiliizii, Kanaadaa,Niwuzilaandi, Awustiraaliyaa fi Afrikaa kibbaa fa'a nageenyi addunyaa mirkaneessuuf ummanni addunyaa tokko ta'anii akka hojjachuu qaban labsii mallatteeffamee dha.

(2) Chaartara Atilaantikii-Walgahii garba atilaantikii irratti bara 1941 mootummootaa Tokkmmaa Ameerikaa fi Ingiliizii wajjiin godhameen dhaabni addunyaa nagaaf hojjatu hundeeffamuu akka qabu waliigalan.

(3)Konferensii Moskoo fi Teehraan-Koonferensii kun bara 1943 biyyoota akka Ameerikaa, Ingiliizii, Raashiyaa, fi Chaayinaan barbaachisummaa hundeeffama dhaabbata addunyaa nagaan eegsisu irratti waliigalan

(4)Walgahii SaanFransiiskoo-Ameerikaa,San Firaansiiskootti keessatti bakka bu'oonni biyyoota shantamaa ol ta'an walgahuun chaartara DH.M.W qopheessuun, baruma kana keessa biyyoota miseensa ta'aniin mallattaa'ee dhaabbani Mootummoota gamtoomanii hundeeffamee. **Caasaalee DH.M.G**

Dameewwan gurguddoo dhaabbatichaa akkuma armaan gaditti dhihaatan ta'a. Isaanis

I. Mana Maree Nageenyaa

- ✓ Qaama dhaabbatichaa angoo murtiiwwan seeraa biyyoota miseensotaa seeran walqabate irratti fudhachuu danda'u
- ✓ Miseensota dhaabbata **5** fi jijjiiramoo ta'an **10** waliigala miseensota **15** of keessaa qaba.
- ✓ Miseensonni dhaabbatoo shanan Raashiyaa, Chaayinaa, Ameerikaa, Farasaayi fi Ingiliiz biyyoota sagalee diddaa (sagalee sagaleen diiguu) qabaiidha.
- ✓ Nageenya addunyaa eeguu irratti qaama adda durummaa gahee olaanaa taphatuudha.
- ✓ Miseensota biroo jijjiiramoo ta'an waggaa lama lamaan yaa'ii waliigalaan filatamuu qabu

II. Yaa'ii waliigalaa

- ✓ Waggaatti walgahuun to'annaa waliigalaa hojii dhaabbata keessatti hojjatame adeemsisuu
- ✓ Miseensa haaraa gara dhaabbataa dhufan simachuu fi baajeta mirkaneessuu.
- ✓ Haala chaarta irratti hundaa'uun hojjachuu

III.Waajira Bareessaa/Bulchiinsa/

- ✓ Damee hojii guyyaa guyyaan kan raawwatan
- ✓ Waajira bulchiinsaa kan hogganuu dha.

IV. Mana maree Diinagdee fi Hawaasummaa

- ✓ Haala fa'caatii tajaajila hawaasummaa biyyoota addunyaa to'ata
- ✓ Rakkoolee tajaajila hawaasummaan walqabatan biyyoota addunyaa hiika.

Fakkeenya fayyaa, barnootaa, fi rakkoolee biroo fa'a

V. Mana Murtii Waliigalaa addunyaaleessaa(ICJ)-

Waajirri maa murtii waliigalaa *Heegittika* argamuu yoo ta'u, akka Keyy-94 DH.M.Gtti miseensoni dhaabbatichaa murtii mana murtii waliigalaa kabajuu dirqama qabu murtii seera addunyaaleessaa waan ta'eef

- ✓ yakka waraanaanwalqabatee ummata siiviilii irratti raawwatame sadarkaa addunyaatti ilaalee murtii kenna
- ✓ Walitti bu'iinsa biyyoota jiddutti uumame hiikuu (walitti dhufeenya biyyootaa karaa nagaa cimsuu)

5.2.2. Dhaabbilee Sadarkaa Naannootti dhaabbatan

i. Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa (OAU)

Bu'uura hundeeffamuu DH.T.A kan ta'e sochii Paan Afrikaanizimii hayyoota ummata gurraacha biyya alaa jiraatanii Ameerikaatti jalqabeeni. Yaanni alatti eegale kun adeemsa keessa bilisummaa ummata Afrikaa sirna kolonummaa jala jiraaniif walabummaa gaafachuun gara Ardii Afrikaatti dhufe. Booda sochiin kun Afrikaa keessatti caamsaa 25, 1963 magaalaa Finfinneetti DH.T.A jedhamee hundeeffame.

Dhaabbilee Naannoo Ardii Afrikaa Keessatti hundeeffaman

a) IGAD (Inter Governmental Authority on Development)

Dhaabbata naannootti hundeeffamee keessaa isa tokko ta'ee biyyoonni miseensa ta'an immoo biyyoota baha Afrikaa fi gaanfa Afrikaa ti. Dhaabbani IGAD bara 1986 kan hundaa'e yoo ta'u Eritriyaan bara 1993 tti miseensa turte deebitee miseensummaa keessaa baate.

b) Waldaa Diinagdee Lixa Afrikaa (ECOWAS)

Dhaabbani kun rakkoo dhimmoota siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaan walqabatee jiru kan biyyoota Lixa Afrikaa hiikuuf kan hundeeffameedha

c) SADC (Southern African Development Community)

SADC bara 1992 misensota biyyoota naannawa Afrikaa kibbaatti argaman 15 ta'aniin dhaabbate. Kaayyoon dhaabbata kanaas dhiheeyaan DH.T.A wajjiin hojjachuun walitti hidhamiinsa biyyoota naannoo Afrikaa kibbaatti cimsuun guddina diinagdee cimsuun hiyyummaa xiqqeessu, akkasumas dhimmoota nagaafi tasgabii biyyootaa kutanoon mirkaneessuuf jedhamee hundaa'e

ii. Gamtaa Awurooppaa (European Union)

Gamtaa Awurooppaa dhaaba naannoo tokkummaa diinagdee biyyoota Awurooppaa cimsuuf hundeeffameedha. Rakkoo diinagdee biyyoota Awurooppaa muudate furuuf gahee guddaa taphateera. Giddugaleessi teessoo dhaabbatichaa biyya **Beeljiyeem magaalaa Biraasalsitti** argama.

BOQONNAA 6

DHIMMOOTA ADDUNYAA SI'ANAA

Boqonnaa kana jalatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadanii fi dandeettii barattootni gonfachuu qaban dhimmoota addunyaa si'anaa kanneen akka goolii uumtummaa, kunuunsa naannoo, dhimmoota koorniyaa, hiyyummaa, HIV/AIDS, fi gilobaalaayizeeshinii fa'i.

Kaayyoon boqonnaa kanaa:

- ✓ Maalummaa goolii uumtummaa fi dhiibbaa inni hariiroo addunyaalessaaratti qabu ibsuu
- ✓ Rakkoolee naannoo miidhanii fi furmaata isaanii hubachuu
- ✓ Rakkoo koorniyaan walqabatee dhufu hubachuun furmaata kennamee fi kennamaa jiru hubachuu.
- ✓ Dhiibbaa hiyyummaan walqabatee karaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa dhufu ibsuu
- ✓ Rakkoolee HIV/AIDSn walqabatee karaa siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa dhufu ibsuu
- ✓ Dhiibbaa fi faayidaa giloobaalaayizeeshinii fi furmaata dhiibbaa kana ofirraa qolachuuf barbaachisu ibsuu fa'i.

6.1 Dhimmoota addunyaa si'anaa

*Dhimmoota addunyaa si'anaa jechuun rakkoolee ciccimoo addunyaa miidhanii fi humnaa ol ta'aa jiranidha.

*Kanaafuu qaamni dhimmi kun isaan ilaallatu hundi (dhala namaa kan ta'e hundi) addunyaa dhala namaaf mijooftuu taate uumuuf carraaquun barbaachisaadha.

6.2 Goolii Uumtummaa

-Goolii uumtummaan tooftaa gareen tokko ykn namni tokko fedhii fi ilaalcha isaanii kan biroorratti humnaan sodaachisuun fe'anidha

-Fedhii dhokataa guuttachuuf qabeenyaa fi lubbuurratti miidhaa dhaqabsiisudha.

*Goolii uumtummaan:

-Bara 44 DH.K.D Mootii Roomaa durii Juliyaas Qeesaar ajjeffame irraa eegale jedhama

-Hoggantootni warraaqsa Faransaayi bara 1789 itti fayyadamaniiiru.

-Yeroo warraaqsa Raashiyaa Bolshevikoonni hordoftoota Tiroteksii dhabamsiisuuf itti fayyadamaniiiru.

-Dargiinis goolii diimaa mormitoota warra jedhurratti raawwateera.

*Yeroo ammaa tekinooolojii ammayyaatiin kan deggerame waan ta'eef soda addunyaa isaa cimaa ta'eera

6.3 Dhimmoota kunuunsa naannoo

- Baay'achuu lakkofsa uummataa fi gochaalee dhalli namaa jireenya isaa fooyyeffachuuf godhuun wal qabata.

- Sababa cirama bosonaa biyyoota guddataa jiranii fi aaraa warshaalee gurguddoo biyyoota guddataniin qilleensi jijjiiramee ho'i dabalee addunyaan hongee fi roobaan rakkachaa jirti.

Cabbiin baqee odoola liqimsuun nama godaansisuu fi kkf mudachaa jira.Miidhaa guddaa kan geessisaa jiran garuu biyyoota guddatan waan ta'aniif furmaata hin argatiin jira.

6.4 Dhimmoota Koorniyaa

-Koorniyaan wal caalmaa karaa aadaatiin dhiiraa fi dubara gidduu jirudha.

-Hojii dhiirotaa isa gaggaarii fi kan dubartoota hojii xixxiqqaa fi mana keessa godhanii fudhachuu fa'i.

_Addunyaa keessatti jaarraa 20ffaa eegalee biyyoonni hedduun akka dubartoonni carraa barnoota argatan, siyaasa, hawaasummaa fi mirga qabeenya horachuu fi itti fayyadamuu keessatti hirmaatan taasisaa jiru.

-Waliigaltee farra loogii gama hundaan dubartootarratti raawwatamuu (convention on all forms of discrimination against women) DH.M.W niin qophaa'ee hojiirra oolaa jira.

Biyyoonni baay'een loogii hojjetamaa ture kana bakka buusuuf walqaxxummaa koorniyaa mirkaneessuuf deggersa adda (Affirmative action) kennaa jiru.

6.5 Dhimma Hiyyummaa

-Fedhii bu'uuraa jireenya dhala namaatiif barbaachisan dhabuun hiyyummaa hamtuu jedhamti.

Biyyoonni Afrikaa sahaaraa gadii, Kibba Baha Eeshiyaa, Amerikaa Kibbaa baay'een fakkeenya ta'u.

-Hiyyummaan hin hir'anee fi yeroo hundaa deddeebiye mul'atu marmaartuu hiyyummaa jedhamti.

-Agsrsiiftota hiyyummaa –Ummatni baay'een qonnaan jiraachuu

-Saffisni guddina uummata guddaa ta'u

-Umurii gabaabaa jiraachuu

-Walaallummaa

-Dhabamuu bulchiinsa gaarii

-Babaldhachuu dhibuu tajaajila hawaasummaa fi kkf

6.6 Dhimmoota HIV/AIDS

HIV-Human Immuno Virus(Seelii dhiiga adii kan dhabamsiisudha.)

AIDS-Acquired Immuno Deficiency Syndrom (Dandeettii qaamni dhibee adda addaa of irraa ittisu dadhabsiisudha)

-Biyyoota guddataa jiran keessatti babaldhata.

-Namoota umurii 15-49 tti jiran (humna oomishaa) kan miidhaa jirudha.

Rakkoo siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaati.

*dhibeen Iboolaa jedhamu dhiha Afrikaa keessatti namoota 5000 ol galaafate garuu to'atameera.

6.7 Giloobaalaayizeeshinii

*Giloobaalaayizeeshiniin-adeemsa dhimmoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaa fi tekinooolojii biyyoota addunyaa tokko godhuuti.

- addunyaa baldhoo har'a irra jiraataa jiru kana dhiphisuun akka ganda xiqqootti walitti hidhuudha.

*Walitti hidhaminsi kunis:

A. Tokkummaa dinagdee addunyaa-gabaa fi daldala daangaa hin qabne geggeessuun gara sirna dinagdee walfakkaatuutti ce'u.

B. Tokkummaa siyaasaa-dimookiraasiin dagaaguun gara tokkootti dhufuu

C. Tokkummaa aadaa-aadaa olaantummaa qabaniin bitamuu

D. Tokkummaa saayinsii fi tekinoooloojii-Interneetii, faaksii fi kkf

*Giloobaalaayizeeshiniirraa faayidaa argachuu fi dhabuun sad. guddinaa biyyoonni irra jiranirratti hundaa'a.

-Biyyoonni guddatan saayinsii fi tekinoooloojiin, baay'inaa fi qulqullina oomishaatiin olaantummaa waan qabaniif fayyadamoodha

-Biyyoonni guddataa jiran immoo faallaa kanaati. Kanaafuu giloobaalaayizeeshiniin rakkoo addunyaa si'anaa ta'e.

*Garuu giloobaalaayizeeshinii keessaa bahuun hin danda'amu.

*Biyyoonni guddataa jiran miidhaa giloobaalaayizeeshinii of irraa qolachuuf

-Qulqullina oomishaa fooyyessuu

-Gosoota oomisha al-ergii dabaluu

-Biyyoota gita ofii waliin hariiroo uumuu

-Oomisha biyya ofii bitachuun fayyadamuu fa'i

🚧 Dhimmoota addunyaa si'anaa jechuun rakkoolee ciccimoo addunyaa miidhanii fi humnaa ol ta'aa jiranidha.

🚧 Goolii uumtummaan tooftaa gareen tokko ykn namni tokko fedhii fi ilaalcha isaanii kan biroorratti humnaan sodaachisuun fe'anidha

🚧 Giloobaalaayizeeshiniin-adeemsa dhimmoota siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaa fi tekinoooloojii biyyoota addunyaa tokko godhuuti.

🚧 Miidhaa fi faayidaa giloobaalaayizeeshiniin qabu sad. guddina biyyootaarratti hundaa'a.

Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Shaambuutti Gaaffilee Shaakalaa CEED 332 K/barsiisotaa bara 2012 Eebbifamaniif Qophaa'e.

Filannoowwan tarreeffaman keessaa qubee Deebii sirrii qabate filadhu.

1. Biyyoonni addunyaa maaliif hariiroo uumu?
A. Fedhii biyyoolessaa isaanii guuttachuuf. B. Olaantummaa isaanii mirkaneeffachuuf.
C. Misooma ariifachiisaa fiduuf. D. B fi C. E. Hunda.
2. Waa'ee hariiroo addunyaalessaa ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?
A. Hiika waaltawaa ta'e qaba. B. Walxaxaadha.
C. Biyyootaaf hariiroo uumanii jiraachuun dirqamadha. D. B fi C. E. Hunda.
3. Hiika hariiroo addunyaalessaa ilaalchisee kamtuu sirriidha?
A. Gandaa fi ganda gidduutti kan geggeeffamudha.
B. Aanaa fi Aanaa gidduutti kan geggeeffamudha.
C. Bulchiinsa mootummaa naannoo oromiyaafi naannoo Tigiraay gidduutti kan geggeeffamudha. D. Biyyaa fi biyya gidduutti kan geggeeffamudha.
4. Xiyyeeffannoo hariiroo addunyaalessaa kan hin taane kami?
A. Walitti bu'insa biyyoota addunyaa. B. Imaammata alaa
C. Fedhii biyyoolessaa D. Hunda. E. Deebii hin qabu.
5. Seerri biyyoonni fedhii biyyoolessaa ittiin guuttatan:
A. Fedhii biyyoolessaa. B. Imaammata biyya alaa.
C. Heera biyya tokkoo. D. A fi B. E. Hunda.
6. Hariiroo addunyaalessaa keessatti kennanii fudhachuu malee hiriyaan yeroo maraa hin jiru Jechuun:
A. Yeroo hunda walgargaaruudha. B. Yeroo hunda gargaarsa barbaaduudha.
C. Yeroo hunda gargaaruudha. D. A fi B.
7. Mala qo'annoo hariiroo addunyaalessaa sadan keessaa filatamaan kami?
A. Qo'annoo sad. sirnaa. B. Qo'annoo sad. biyyaa
C. Qo'annoo sad. Nama dhuunfaa. D. Hunda walfaana raawwachuudha.

8. Qooda fudhattoota hariiroo addunyaalessaa keessaa ijoon kami?
 A. Mootummaa. B. mitimootummaa. C. Dh.M.G(UN) D. Gamtaa Afrikaa. E. C fi D.
9. Dhaabbatni biyyota addunyaa nagaa fi tasgabii isaanii mirkaneeffachuuf yeroo jalqabaaf dhaabbatan kami?
 A.Dh.M.G(UN). B. Dhaabbata Liigii Addunyaa.
 C. Dhaabbata Tokkummaa Afrikaa. D. A fi B.
10. Yaada hiddamoota armaan gadii keessaa safuu fi seeraaf iddoo guddaa kan hin kannine:
 A. Ayidiyaalizimii. B. Liberaalizimii. C. Riyaalizimii. D. Deebii hin qabu.
11. Waa'ee human waraanaa cimsachuu akka furmaata dhumaatti kan fudhatu kami?
 A. Liberaalizimiihaaraa. B. Riyaalizimii. C. Ayidiyaalizimii. D. Markes.
12. Seerria ddunyaalessaa fi safuun furtuu hariiroo addunyaalessaati kan jedhu kami?
 A. Liberaalizimiihaaraa. B. Riyaalizimii. C. Ayidiyaalizimii. D. Markes.
13. Rakkoo addunyaa si'anaa kan hin taane kami?
 A. Koroona(COVID-19) B. HIV/AIDS
 C. Goolii uumtummaa. D. Giloobaalaayizeeshinii. E. Deebii hin qabu.
14. Goolii uumtummaan akka biyyaatti kan jalqabame yoomi?
 A. Bara 44 Dh.K.D. B. Bara warraaqsa Faransaay. C. Bara 1789. D. A fi B. E. B fi C.
15. Goolii uumtummaa ilaalchisee kan soba ta'e kami?
 A. Tekinooloojii ammayyaatti fayyadamuun miidhaa geessisaa jira.
 B. Itoophiyaa keessatti hojiirra ooleera.
 C. Akka biyyoonni imaammata isaanii jijjiirratan gochuu danda'a.
 D. Biyyoota guddatan qofa miidha. E. Deebii hin qabu.
16. Naannoo miidhuuf kan sababa ta'uu danda'u kami?
 A. Saffisaan dabaluu lakkoofsa uummataa.
 B. Ittigaafatamummaa bahuu dhabuu dhala namaa.
 C. A fi B. D. Hunda.

17. Rakkoon kunuunsa naannoo akkamiin addunyaa miidhuu danda'a?
- A. Hongeen. B. Roobaan. C. Hangi garbaa dabalun. D. A fi B. E. Hunda.
18. Faalama qilleensa addunyaaf gahee guddaa(irracaalaa)kan qabatan:
- A. Biyyoota guddatan. B. Biyyoota guddataa jiran. C A fi B. D. Deebii hin qabu.
19. Miidhaan koorniyaa waliin walqabatee dhufu akkamitti hubatamuu danda'a?
- A. Walcaalamaa hojii gama aadaatiin dhiiraa fi dubara gidduu jirudha.
- B. Olaantummaa warra dhiiraa kan mul'isudha.
- C. Gad-aantummaa dubartootaa kan agarsiisudha.
- D. Hunduu deebiidha.
20. Mallattoo biyyoota hiyyummaa hamtuu keessa jiranii kan ta'e kami?
- A. Beelaa fi dararaa lammiilee. B. Jeequmsaa fi tasgabbii dhabuu.
- C. Manca'uu qabeenya uumamaa. D. Hunda.
21. Kanneen keessaa agarsiiftuu hiyyummaa kan hin taane kami?
- A. Wallaalummaa. B. Umurii gabaabaa jiraachuu.
- C. Saffisaan dabaluu lakkoofsa uummataa. D. Deebii hin qabu.
22. Waa'ee HIV/AIDS ilaalchisee soba kanta'e kami?
- A. Hanga yoonatti dawaan hin argamneef.
- B. Biyyoota addunyaa hunda walqixa miidhaa jira.
- C. Umurii osoo adda hin baasiin qabuu danda'a.
- D. Rakkoo dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa fida.
23. Dhibeewwan armaan gadii keessaa ofirraa ittisuun kan hin danda'amne kami?
- A. HIV/AIDS. B. Koronaa(COVID-19). C. Iboolaa. D. Hunda. E. Deebii hin qabu.
24. Giloobaalaayizeeshiniin :
- A. Miidhaa qaba. B. Faayidaa qaba C. A fi B D. Deebii hin qabu.
25. Giloobaalaayizeeshiniin :
- A. Biyyoota hunda walqixa fayyada. B. Biyyoota hunda walqixa miidhaa.
- C. A fi B. D. Deebii hin qabu.

26. Giloobaalaayizeeshiniitti fayyadamuuf kan biyyootni guddataa jiran gochuu hin qabne:
- A. Qulqullina oomisha isaanii fooyyeessuu.
 - B. Gosa oomisha al-ergee baay'inaan oomishuu.
 - C. Walitti hidhinsa gabaa biyyoota guddatan waliin cimsachuu.
 - D. Oomisha biyya ofii bitachuun fayyadamuu.
 - E. A fi B.
27. Kamitu imaammata alaa biyya tokkoof ulaagaa ta'uu danda'a?
- A. Siyaasa B. Diinagde C. Hawaasumaa D. Hunda
28. Imaammanni alaa biyya tokkoo karaa kami galma gahuu danda'a?
- A. Olola B. Daldaala C. Humna ittisa biyyoolessaa D. Hunda
29. Sababni guddaan biyyoonni hariiroo addunyaalessaagodhan maal galmaan gahuufdha?
- A. Imaammata alaa B. Humna waraanaa C. Fedhii biyyoolessaa D. A fi C
30. Biyyi tokko biyyoota hedduu waliin hariiroo uumuuf kamitu irra caalaa murteessaadha?
- A. Siyaasa B. Diinagdee C. Teekinooloojii D. Hawaasummaa
31. Amala seera addunyaalessaa kan hin taane kami?
- A. Biyyoota gidduutti hojjetaa B. Lammilee biyya tokkoo gidduutti hojjeta
 - C. Hojiirra oolmaansaa laafaadha. D. A fi C
32. Kamitu miseensa Liigii Mootummoota Addunyaa miti?
- A. Faransaay B. Xaaliyaanii C. Ingiliiziini D. USA
33. Nageenyaa biyyoota addunyaa muudatan ilaalchisee murtii fi tarkaanfii fudhachuuf aangoo Kan qabu kami?
- A. Mana marii Kaawuunsilii B. Gumiiwaliigalaa
 - C. Waajira bulchiinsaa D. Chaartara Atilaantikii
34. Riyaalistoonni kamiif xiyyeeffannoo hin kennani?
- A. Seera B. Safuu C. Waliigaltee D. Hunda
35. Kamitu bu'aa waraana addunyaa 2^{ffaa}ti?
- A. Dh L M B. Dh T A C. Dh M G D. Deebii hin qabu
36. Anaarkiin maalii?
- A. Sirna addunyaa abbaa hin qabne B. Dhabamuu qaama seera ol-aanaa
 - C. Ol-aantummaa seeraa D. A fi B

37. Riyaalistoonni hariiroo addunyaalessaa keessatti adda durummaan kam irrattixiyyeeffatu?
A. Walta'insa B. Mootummaa C. Biyyoota D. B fi C
38. Kamitu irracaalaa biyya tokko jalaa yoo tuqame walitti bu'insaa fi diinummaa biyyoota Giddutti uumuu danda'aa?
A. Fedhii biyyoolessaa B. Imaammata biyya alaa C. A&B D. Deebii hin qabu
39. Hariiroon addunyaalessaa addunyaarratti yoom jalqabe?
A. 1918 B. 1920 C. 1945 D. Deebii hin qabu
40. Yaadi ijoon hariiroon addunyaalessaa irratti xiyyeeffatu kami?
A. Dhaabbilee addunyaalessaa B. Seera addunyaalessaa
C. Imaammata ala abiyyootaa D. Hunda
41. Yeroo jalqabaaf addunyaarratti mootummaan ammayyaafi ulaagaa guutu beekamtii akka Argatu bara kami ta'e?
A. 1648 B. 1684 C. 1674 D. 1647
42. Hariiroo addunyaalessaaf kamitu daran barbaachisaadha?
A. Fedhii biyyoolessaa B. Siyaasa C. Humna D. Diinagdee
43. Imaammata alaa biyya tokkoo murteessuuf kan hin gargaarre kami?
A. Aadaa B. Shororkeessummaa C. Teessumalafaa D. Deebii hin qabu
44. Sab-quunnamtiin ijaan argaa fi gurraan dhaga'aa ittifayyadamnu kami?
A. Raadiyoo B. Televiziyinii C. Gaazexaa D. Barrullee
45. Qaamolee DH L M kan hin taane kami?
A. Gumii waliigalaa B. Waajira bulchiinsaa C. Chaartara Atilaantikii D. Deebii hin qabu
46. Kamitu rakkoo HIV/AIDS tiin dhufuu danda'a?
A. Rakkoo Diinagdee B. Rakkoo Siyaasa C. Rakkoo Hawaasummaa D. Hunda
47. Kamitu dhimma addunyaa si'anaatii?
A. Dhibee koroona B. Dhibee HIV/AIDS C. Goolii uumtummaa D. Hunda
48. Kamitu miseensa IGAD mitii?
A. Itoophiyaa B. Ertiriyaa C. Ugaandaa D. Deebii hin qabu
49. Shororkeessitootni mirga dhala namaa isa kami sarbuu danda'u?
A. Mirga namummaa B. Mirga dimookiraasii C. Afi B D. Deebi ihin qabu
50. Addunyaa giloobaalaayizeeshinii keessatti kamitu daangaa ce'uu danda'a?
A. Yaada B. Daldala C. Teeknooloojii D. Hunda

DEEBII GAAFFILEE SHAAKALAA CEED 332

Lakk.	Deebii
1	E
2	D
3	D
4	E
5	B
6	A
7	D
8	A
9	B
10	C
11	B
12	C
13	E
14	E
15	D
16	D
17	E
18	A
19	D
20	D
21	D
22	B
23	E
24	C
25	D

Lakk.	Deebii
26	C
27	D
28	D
29	C
30	B
31	B
32	D
33	B
34	D
35	C
36	D
37	D
38	A
39	D
40	D
41	A
42	A
43	D
44	B
45	C
46	D
47	D
48	D
49	C
50	D